WAA'E STD DHUGAA CALLAA

IITOO HOFFAA

Iitoon Hoffaa baakteriyaa "Chlamidia trachomatis"jedhamtu gosa sadihirraa namatti dhufa.

Hubachiisa: Dhukkumni Chlamidiarraa dhufu kuni USA fi biyyoota industriidhaan badhaadhanitti dilas hinjiru; hamma ammaatti dhiirran walguudadan qofarratti mul'ate. Asxaa ykn mallattoo gudeedmayaan namarraa namatti daddabran ofirratti yo shakkitan qormaaraafi wal'aansaaf hakiima bira dhaqaa.

ASXAA FI MALLATTOO

Mallattoolee Sadarkaa gara Jalqabaa (LGV):

- Mallattoon duraa walqunnamtii booda guyyaa 3-12 kessatti mul'atti.
- Mallattoon jalqabaa tana ammo, yeroo baay'ee namni ofirratti hin argu; ykn inumaa hinmul'attu.
- Madaa laaftuu diimtuutu nafa saalaarratti ykn toora qaawa hobbayaatti nama baha.
- Yoggaa gudeedmaya afanii raaw'atan madaan afaaniif laagaa kessattis bahuun ni mala.
- Madaan tuni guyyaa xiqqo kessatti dhabamti.

Mallattoolee Sadarkaa gara Booddee (LGV):

- Erga asxaan duraa mul'atte booda torban 2 hamma torban 6 ykn achi booda mul'atti.
- Mudaamuddiin gar tokkoo ykn gar lameenuu iitawuu jalqabdi.
- Hoggaa fincaa'an ykn hobbahan nama ni dhukkuba.
- Gogiinsa garaa
- Xeeriin (rectum) dhiiguu jalqabdi
- Hoffaa fi mudhiin nama dhukkubdi.
- Albaatii malaa ykn dhiiga qabdu bahuu
- Laydaa (fever), laqaddii (chills), dhukkubbi walqaba lafee, qoonqoon nama cufamuufi qaamni nama bututuu

KUDHUBLANNOO

Iitoon Hoffaa (LGV)

Gudeedmaya bifa kamiinuu(qaawa hormaataa, afaaniin, qaawa hobbayaatin) raaw'ataniin namatti nidabra.

Waan Namarraan Gayu

Yo waal'aanamuu baate, dhukkubni kuni:

- Godaannisa haamaa uumeeti nafa saalaa jajallisa.
- Sababa godaannisaatin qaawni hobbayaa nidhiphata.
- Dubartootarratti qaawni hormaataatiifi hobbayaa walitti banamuun nimala.
- Surriin (sammuun) faalamuu (kuni garuu yeroo baay'ee hinmul'atu)
- Nama gudeedmaya waliin raaw'atanitti dabruu

ITTISMAATA

Babal'atiinsa dhukkuba kanaa iggituuf gorsa kanatti aanu isiniif qabna:

- Hoggayyuu Kondoma Laateksin (*latex condom*) sirritti fayyadamuun dhukkuba kanaan qabamuu namarraa ni xiqqeessa.
- Gudeedmaya bifa kamuu yemmuu raaw'attan kondoma lateksiitti fayyadamaa.
- Gudeedmaya gara afaaniitin raaw'atamuufis kondoma laateksiitti fayyadamaa.
- Gudeedmaya gara afaaniitin, fagaaraan ykn duubaan gootanuu *latex barrier* itti fayyadamaa. Uffoo ilkaanii (*dental dam*) ykn condom qixxetti murametti fayyadamaa)
- Takkatti sabadhaa. Sagaggaalummaa lagadhaa
- Yo shakkii qabaattan Hakiima kessan bira dhaquudhaan qormaata godhadhaa.
- Yo faalamuu ofii hubattan yoggasuma nama gudeedmaya wajjin raaw'attanitti hima.
- Namni gudeedmaya waliin raaw'attan laalamuufi wal'aanamuu isaanii mirkaneeffadhaa.

WAL'AANSA

Qoricha iitoo hoffaa (LGV):

- Hakiimni siif heesabe (ajaje) sirritti akkaataa sitti himametti fudhachuu qabda.
- Qorichi ofumaan fudhattu sirritti kan si dhinsuu miti.
- Hiiryaan gudeedmaya waliin raaw'attanis isinuma waliin wal'aanamuu qaba.

HUBACHIISA: Namni tokko erga wal'aaname boodallee itti deddeebi'ee faalamuun nimala.

CAALATTI HUBACHUF NU QUNNAMAA:
Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section
Minnesota Department of Health
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY
http://www.health.state.mn.us

Minnesota Family Planning and STD Hotline
1-800-783-2287 Voice/TTY; (651) 645-9360 (Magaalaa)
http://www.stdhotline.state.mn.us

CDC National STD and AIDS Hotlines
1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY; http://www.cdc.gov